


# Zikrii-Furtuu Tasgabbii-kutaa-2ffaa

## Description

Torbaan darbee faayda fi sadarkaalee zirkii ilaalle turre. Yaadachisaf, zikriin bu'aa fi faaydan isaa lakkawamee hin dhumu. Namuuma itti fayyadametu mi'aa isaa dhandhama. Namoonni zikrii baay'isan, nageenyi fi tasgabbiin qalbii isaanii uwwisa. Namoonni yommuu gaddanii fi nuffan, warroonni zikrii godhan gammachuun jiraatu. Bakka deeman hundatti zikriin afaanii hin bu'u. Yommuu isaan zikrii dhiisan qalbiin isaanii akka qurxummii bishaanii baate taati, tasgabbii dhabu, ni jeeqamu. Rakkoo fi dhiphinna kana hunda jalaa bahuuf dafanii gara zikrii dheessu. Dhugumatti gamnooni namoota kanniini!

Mee har'a zikriiwwan garagaraa jireenya guyyoo keenya keessatti itti fayyadamnu hiika isaanii waliin haa ilaallu. Zirkii salaata keessatti jennu duraan ilaalle turre. Kanaafu, lamuu irra hin deebinu. Amma zikrii gosa lamaanii keessaa filannee ni ilaalla. Zikrii Rabbiin faarsu fi zikrii du'aayiti.

**1.Du'aayii Yeroo mana Fincaanii seenanii**

**– (([?????? ???????] ?????????? ?????? ??????? ???? ???? ????????? ?????????????))**

Bismillaahi Allaahumma innii a'uuzu bika minal khubsi wal khabaa'is
**Maqaa Rabbiitiin; yaa Rabbi ani jaarsa jinnii fi jaartii jinnii irraa sittin maganfadha.**

Namni du'aayi kana kan jedhu erga mana fincaanii seenee booda jechuu hin qabu. Sababni isaas, mana fincaanii keessatti maqaa Rabbii dhayuun dhoowwadha. Filaanno inni qabu, takkaa osoo mana fincaanii hin gahin du'aayi kana jechu takkaa immoo osoo arrabaan hin jedhin of keessatti jechuudha.

**Du'aayii Yeroo Mana Fincaaniti bahanii**
**((???????????))**
**Gufraanaka=** Araarama keen [barbaada]

**2.Zikrii wudu'aan dura godhamu**

**((?????? ???????))**
**Bismillaah =**Maqaa Rabbiitiin

**3.Zikrii wudu’a booda Godhamuu**

**((???????? ???? ??? ?????? ?????? ??????? ???????? ??? ??????? ???? ?????????? ????? ?????????? ???????? ???????????..))**
**Ash-hadu an laa ilaha ill-Allah wahdahu laa shariika lah wa ash-hadu anna Muhammadan ‘abduhu wa rasuuluhu**
“Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee akka hin jirree, Inni tokkicha hiriyyaa Kan hin qabnee ta’uu fi Muhammadis gabrichaafi ergamaa Isaa ta’uu ragaan baha. (Sahih Muslim 234a)

**Hiika jechootaa**: **ash-hadu-ragaa nan baha**, **an-akka**, **laa-hin jiru**, **ilaha-dhugaan gabbaramaan**, **illa-malee**, **Allah-Rabbiin, abduhu-gabricha isaa, rasuuluhu-Ergamaa Isaa**

**((?????????? ????????? ???? ?????????????? ???????????? ???? ?????????????????))**
**Allaahumma-**ja’alni mina-ttawwaabiina waja’alni minal mutaxahhiriina
“**Yaa Rabbi** warra tawbachuu baay’isanii fi of-qulqulleessan irraa na taasisi.” Jami` at-Tirmizi 55
**Hiika jechootaa**: **Ja’alni-na taasisi**, **mina-irraa**, **tawwaabina-warra tawbaa baay’isan**, **mutaxahhiriina-of qulqulleessan**

**4.Zikrii yeroo manaa Bahanii**

**((?????? ???????? ??????????? ???? ???????? ??? ?????? ????? ??????? ?????? ?????????))**
**Bismillah** tawakkaltu alallahi, laa hawla walaa quwwata illaa billah
“**Maqaa Rabbiitiin**. Rabbirratti hirkadhe. Dandeetti fi humni hin jiru Rabbiin bira malee.” Jami` at-Tirmizi 3426
**Hiika jechootaa**: **tawakkaltu-hirkadhe**, **alallahi-Rabbiin irratti**, **laa-hin jiru**, **hawla- dandeetti**, **quwwaa-humna**

**5.Zikrii yeroo mana seenan godhamuu**

**((?????? ??????? ?????????? ???????? ??????? ?????????? ??????? ??????? ???????? ?????????????**
**Bismillaahi** walajnaa wa bismillaahi kharajnaa, wa alallaahi rabbinaa tawakkalnaa
“**Maqaa Rabbiitiin** seennee maqaa Rabbiitiin baane. Gooftaa keenya kan ta’e Allaah irratti hirkanneerra.” Ergasii salaamtaa maatii irratti qara’a. Sunan Abi Dawud 5096
**Hiika jechootaa**: **walajnaa-seennee**, **kharajnaa-baane**, **alallaahi-Allaah irratti**, **rabbinaa-Gooftaa keenya**, **tawakkalnaa-hirkannee**

**6.Du'aayii yeroo Dhiphinnnaa (Cinqii)**
**((??? ?????? ?????? ??????? ?????????? ??????????? ??? ?????? ?????? ??????? ????? ????????? ?????????? ??? ?????? ?????? ??????? ????? ??????????? ??????? ????????? ??????? ????????? ??????????)**
**Laa ilaha ill-Allahul-aziimul haliim; laa ilaha ill-Allahu Rabbul arshil aziim; laa ilaha ill-Allahu Rabbus-samawaati wa Rabbul ardi wa Rabbul arshil kariim**

**Dhugaan gabbaramaan Rabbii guddaa obsaa malee hin jiru**. **Dhugaan gabbaramaan Rabbii arshii guddaa malee hin jiru**. **Dhugaan gabbaramaan Rabbii samiiwwanii**, **Rabbii dachii** fi **Rabbii arshii kabajama** malee hin jiru."
Sahih Muslim 2730 a  Sahih al-Bukhari 6346

**Hiika jechootaa**: aziim-garmalee guddaa, (haliim- garmalee obsaa, danda'a, dafee kan hin adabne), Arsh-arshii, kariim-kabajamaa

**((??? ?????? ?????? ?????? ??????????? ?????? ?????? ???? ????????????))**
**Laa ilaha illaa anta**, **subhaanaka innii kuntu mina zaalimiin**
**Dhugaan gabbaramaan Si malee hin jiru**. **Ati qulqulloofte**. **Dhugumatti ani miidhaa raawwattoota irraa ta'eera**." Jami` at-Tirmidhi 3505

**7.Du'aayi Yeroo Masjiida Deemanii**

**?"? ?????????? ??????? ??? ??????? ?????? ????? ???????? ?????? ????????? ??? ??????? ?????? ????????? ??? ??????? ?????? ????????? ???? ??????? ?????? ?????? ???????? ?????? ????????? ???? ??????? ?????? ?????? ??????? ?????? ?.? ?????????? ????????? ?????? ?"?**

**Allaahumma** ja'al fii qalbii nuuran wa fii lisaanii nuuran, wa-ja'al fii sam'ii nuuran, wa-ja'al fii basarii nuuran, wa-ja'al min khalfii nuuran, wa min amaamii nuuran, wa-ja'al min fawqii nuuran wa min tahtii nuuran. Allaahumma a'axinii nuuran.

**Yaa Rabbii** qalbii kiyya keessa ifaa godhi. Arraba koo keessas ifaa, dhageettii koo keessas ifaa, agartuu koo keessas ifa godhi. Duuba kiyyaan ifa, fuundura kiyyaanis ifa godhi. Gubbaa kiyyaanis jala kiyya irraas ifa godhi. Yaa Rabbii ifa naaf kenni." Sahih Muslim 763 l

**Hiika jechoota**: **ja'al-godhi**, fii-keessa, qalbii-qalbii tiyya, nuuran-ifa, wa-fi, lisaanii-arraba kiyya, sam'ii-dhageetti kiyya, basarii-argituu tiyya, khalfii-duuba kiyya, min-irraa amaamii-fuundura kiyya, fawqii-gubbaa kiyya, tahtii-jala kiyya, a'axinii-naaf kenni.

Asitti wanti barbaadame "ifa" yommuu jedhu ifa Islaamumma, imaanaa fi beekumsaati. Namni ifa Islaamummaa yoo qabaate, ummata keessa qajeelee deema.

**8.Du'aayi Yeroo Masjiida seenanii**

**[?????? ???????? ???????????? ???????????? ????? ??????? ??????? ?????????? ??????? ??? ????????? ??????????))**

Bismillah, wassalaatu wassalaamu alaa rasuulillahi. **Allaahumma-ftahlii abwaaba rahmatika**.
"Maqaa Rabbiitiin; rahmataa fi nageenyi Ergamaa Rabbii irra haa jiraatu. **Yaa Rabbi hulaa rahmata keetii naaf bani**." Sunan Ibn Majah 773

**9.Du'aayi yeroo Masjiidaa Bahanii**

**((?????? ??????? ??????????? ???????????? ????? ??????? ???????? ?????????? ?????? ?????????? ???? ???????? ?????????? ?????????? ???? ???????????? ??????????))**
Bismillah, wassalaatu wassalaamu alaa rasuulillahi. **Allaahumma** innii **as'aluka** min **fadlika**, allaahumma'asimnii mina sheyxaani rajiim.
"Maqaa Rabbiitiin; rahmataafi nageenyi ergamaa Rabbii irra haa jiraatu. **Yaa Rabbi** ani **tola kee** irraan **Si kadha**. Yaa Rabbi shayxaana abaarramaa irraa na tiksi." Sunan Ibn Majah 773, sunan an-Nasaa'I-729

**Hiika jechoota Muraasa**: **as'aluka-si kadha**, **allaahumma'asimni-yaa Rabbii na tiiksi**, **mina-irraa**, **rajiim-abaarrama**

**10.Zikrii Yeroo Azaanaa Godhamu**

Yeroo mu'azinni (namni azaana godhu) azaana baasu, wanta inni jedhu hunda waliin jedhan hanga inni Hayya ala Salaah (Gara salaataa Koottaa), hayya alal falaah (gara baraaramaa (milkaa'innaa)) koottaa" jedhu gahutti. Yommuu inni bakka kana gahuu, akkana jedhan:
**((??? ?????? ????? ??????? ?????? ?????????).**
**Laa hawla walaa quwwata illaa billah**
"Dandeettii fi humni hin jiru Rabbiin bira malee."

**Yeroo mu'azinni azaana xumuru akkana jedhan:**
**((??????? ???????? ???? ??? ?????? ?????? ??????? ???????? ??? ??????? ???? ??????? ?????????? ???????? ???????????? ??????? ????????? ???????? ????????????? ????????? ??????????????? ???????))**
Wa ana **Ash-hadu an laa ilaha ill-Allah wahdahu laa shariika lah wa anna Muhammadan 'abduhu wa rasuuluhu. Radiitu billaahi rabban, wa biMuhammadin rasuulan, wa bilislaami diinan.**

"Anis, dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee akka hin jirree, Inni tokkicha hiriyyaa Kan hin qabnee ta'uu fi Muhammadis gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta'uu ragaan baha. Allaahn Gooftaa keenya ta'uu, Muhammad **Ergamaa ta'uu** fi Islaamni **amantii kiyya ta'uu jaalladheera**." Sahih Muslim 386, Sunan Ibn Majah 721
Ergasii Nabiyyi irratti salawaata buusun du'aayi armaan gadii jedha:

**((?????????? ????? ?????? ??????????? ???????????? ???????????? ????????????? ??? ?????????? ??????????? ??????????????? ??????????? ????????? ????????? ??????? ??????????? [??????? ??? ???????? ???????????]))**
**Allaahumma Rabba haazihi-dda'awati taammah, wassalaatil qaa'imah, Aati Muhammadan wasiilata walfadiilah, wab'as'hu maqaaman mahmuudan-il-lazii wa'adtahu innaka laa tukhliful mii'aad**

"**Yaa Rabbii! Gooftaa waamicha guutuu kanaa fi salaata dhaabbamuuf hedu taate! Muhammadiif wasiilaa fi kabajaa kenni. Sadarkaa kabajamaa kan isaaf waadaa seente irrattis isa olkaasi. [Ati dhugumatti waadaa hin faallessitu]**" Sahih al-Bukhari 614

**Hiika jechootaa**: **haazihi-tanaa (kanaa)**, **da'awat-waamicha**, **taammah-guutuu**, wa-fi, **salaatil-qaa'imah- salaata dhaabbamuf hedu**, **aati-kenni**, **fadiilah-kabajaa**, **wab'as'hu-isa ol kaasi**, **maqaaman-sadarkaa**, **mahmuuda-kabajamaa**,**faarfamaa**, **allazii-kan**, **wa'adtahu-isaaf waadaa seente**, **innaka-ati dhugumatti**, laa-hin, **tukhlifu-faallessitu**, **mii'aad-waadaa**

San booda mataa ofitiif azaana fi iqaama jiddutti du'aayi godha.

Barruu armaan olii buusuf linkii armaan gadii tuqaa. Linkii Download PDF kan jedhu yoo tuqxan Arabiffa saanduqa godha. Dabalataniis dubbisuuf namatti tola http://sammubani.com/wp-content/uploads/2017/12/Buusi-Zikrii-Furtuu-Tasgabbii-updated.pdf

Kitaaba wabii
Hisnul_muslim Hiikan gara Afaan Oromoo: Gaalii Abbaaboor Abbaaguumaa (Fuula 14-…)

**Date Created**
December 2017
**Author**
admin